★★ EVERY ★★

# KID IN A PARK




**Barattoota kutaa 4ffaa fi keessummoota isaaniif tajaajila tolaa lafaa fi bishaan federaalaa daawachuu**

Oromo

## Addunyaan barnootaa, argannoo, fi gammachuu tokkoo tokkoo daa'imaa eeggata!

EVERY KID IN A PARK

Waamicha barattoota kutaa 4ffaaf! Waa'ee lafaa fi bishaan Federaala Amerikaa maal beektu? Isaaniin bakka hundatti arguu dandeessu jechuun ni danda'ama! Puerto Rico kaasee hanga Maine fi Virginia hanga Pacific Islands, bakkootni ajaa'ibsiisoon Amerikaa argannoo keessan eeggata. Waa'ee dhaala keessanii beekaa; yeroo caayaa (Paarkii) biyyoolessaa 400 ol ta'anii fi qabeenyaa uumamamaa miliyoonaan lakka'aman kan lafaa fi bishaan federaalaa qorattan uumamaa wajjin wal baraa. Bakka qabbana'aa kanneen akka lafa garba fi garba gidduu, Channel Islands, St. Louis Arch, San Antonio Missions, mana Frederick Douglass, Sulula bara durii ( Canyon of the Ancients), Florida Keys caqasi. Caraana Yeeyyii dhaggeeffadhu, daandii daayinooseraa kan seenaa dur durii adda baasi, lagoota haadhi, Lewis fi Clark faana dhahi, ykn samii alkaniin ilaaliitii urjii bira ga'i!

*Heyyama darbuu argachuudhaa fi adda Itti fayyadamuudhaaf, imalaaf karoorsuu keessatti d eggersa argachuudhaaf, meeshaalee barnootaa jiran argamsiisuu fi teessoo fi lakkoofsa bilbilaa barbaaduuf [www.everykidinapark.gov](http://www.everykidinapark.gov) daawadhu.*

**www.everykidinapark.gov**

## Tokkoo tokkoon baratAA kutaa 4ffa US afeerameera.

Sagantaa *Daa'imni hundi caayaa keessatti* jedhu keessatti hirmaachuudhaan, waa'ee lafaa fi bishaan federaala keessanii ammuma baruu dandeessu. Seenaa fi Aadaadhaaf kaka'umsa qabaachuudhaan bakkoota barbaachisoo ta'an qusachuudhaaf waadaa bara jireenya kee guutuuf ta'u seeni. Carraalee gaarii hojii daree keessaatiif oolanii fi akkamitti akka bakkeewwan addaa kana kunuunsuun akka danda'amu baradhu.

Fulbaana 1, 2015 irraa eegalee, yoo barataa kuaa 4ffaa taate (barattoota manatti baratanii fi barnoota fedhii addaa dabalatee umuriidhaan waggaa 10 kan guute hundi) waraqaa lafaa fi bishaan federaalaa ilaaluudhaaf gargaaru kan waggaa tokkoo argachuuf mirga qaba!

## Dhaqii heyyama darbuu argadhu!

Heyyama darbuu argachuun salphaadha! www.everykidinapark.gov keessaa isa "Get Your Pass" jedhu dhaqii ilaali, geemii toora interneetii irraa guuti (xumuri), sana booda maxxansiitii (print) bakka laftii fi bishaanni federaalaa jiru hundatti itti fayyadami. Waraqaan kun bakka sagantaa daawannaa lafaa fi bishaan federaalaa waggaaf ba'u kan kutaa afurii keessatti yeroodheeraaf ejensii adda addaa gidduutti dhimma baasuu danda'a. Bakkeewwan heyyama darbuu kennuuf tarreeffaman guutummaa baruudhaaf yoo feete [https://store.usgs.gov /pass/PassIssuanceList.pdf](https://store.usgs.gov/pass/PassIssuanceList.pdf) ilaali.

Fudhatamaa fi kaffaltii heyyama darbuu kana ilaalchisee gaaffii yoo qabaatte kallattiidhaan toora lafaa fi bishaan federaalaa quunnami:

- Biiroo bulchiinsa lafaa(www.blm.gov)
- Biiroo Eegumsaa (www.usbr.gov)
- Tajaajila Qurxummii fi bineensa bosonaa U.S.(www.fws.gov)
- Bulchiinsa garbaa fi qilleensa naannoo biyyoolessaa (www.oceanservice.noaa.gov)
- Tajaajila Caayaa (Paarkii) Biyyoolessaa (www.nps.gov)
- Dhaabbata Injineroota waraana U.S. (www.corpslakes.us)
- Tajaajila bosona U.S. (www.fs.fed.us)




## Heyyama darbuu eenyufaatu argata?

Baratаa kutaa 4ffaa heyyama darbuu qabdu taanaan namootni si wajjin konkolaataa kee keessa jiran hundi kaffaltii konkolaataa tokkoof kaffalamu irraa biliisa. Yoo kaffaltiin baayyina namaatiin kaffalama ta'e ammoo hanga nama sadiitti biliisaan si waliin seenuu danda'u. Yoo biskileettiidhaan kan dhufan ta'e ammoo maatiin ykn namni ga'eessi sadii wajjin seenuu danda'u. Baratаan kutaa 4ffaa sun heyyama darbuu sana agarsiisuu qaba.

Barsiisotnis hirmaachuu danda'u! caalaatti baruudhaaf har'uma www.everykidinapark.gov ilaali.

**EVERY KID IN A PARK**

National Park Service • Forest Service
Army Corps of Engineers • Bureau of Land Management
Fish and Wildlife Service • Bureau of Reclamation
National Oceanic and Atmospheric Administration




## Heyyama tola seenuu argadhu!

Lafaa fi bishaan federaalaa tokko tokko daawachuudhaaf heyyama darbi jedhu konkolaataa keessatti fannisuu gaafata. Kanaaf bakka argamuu danda'utti fuullee biraan fannisuu barbaachisa. Yoo heyyamni sun waraqaadhaan jira ta'e fuullee fuula duraan mul'atu bira akka mul'atutti ka'amuu qaba.

Karoora Daawannaa baasuuf marsaritii kanneen ilaali:

- www.everykidinapark.gov
- www.findyourpark.com
- www.discovertheforest.org
- www.recreation.gov

### Waa'ee Daa'imni hundinuu Caayaa keessa jedhu kana caalaatti bari

Marsariitiin daa'imni hundi caayaa keessa jedhu akkaataa heyyama darbuu argatan, karoora baasanii fi hirmaatan ilaalchisee odeeffannoo ga'aa kenna. Odeeffannoo bal'aadhaaf www.everykidinapark.gov ilaali ykn facebook, Instagram, Twitter, fi YouTube irraa EveryKidinaPark hordofi.

Irra caalaa baruuf marsariitii http://www.everykidinapark.gov/ kana ilaala'a akkasumas nu faana bu'aa:

## Gaaffii Yeroo Hedduu Gaafataman

G. Barattootni kutaa 4ffaa US (warra manatti baratanii fi barattoota fedhii addaa dabalatee) akkamiti heyyama seensaa ykn darbuu argachuu danda'u?
D. www.everykidinapark.gov ilaaluudhaan, geemii interneetii irraa dorgomuudhaan, voocherii dhuunfaa ykn heyyama darbuu maxxanfachuudhaan.

G. Voocheriin ykn heyyamni darbuu maaliif fayyada?
D. Heyyamnii darbuu biliisaan kan argamuu fi baasii daawannaa fi kaffaltii seensaa kan lafaa fi bishaanota federaalaa daawwachuuf ba'u hunda kan waggaa tokkoo Fulbaana 1 irraa eegalee hanga Hagayya 31tti barattoota kutaa 4ffaaf tajaajila tolaa kan kennudha. Haa ta'u malee baasii dabalataa kanneen akka iddoo buufataa fudhachuu, doonii fi bidiruu, eegumsa konkolaataa, daawannaa addaa, hiikkaa, heyyama addaa fi geejjiba bishaan irraa hin dabalatu. Tajaajilli dhuunfaa lafaa fi bishaan federaalaa irratti kennaman tokko tokkos yoo jiraatan kanaan hin hammataman. Bakka deemuuf yaaddan hunda heyyama darbuu kana fudhatama qabaachuu isaa dursaa adda baafadhaa.

G. Heyyamni darbuu tokko konkolaataa tokkoo ol ni keessummeessaa?
D. Lakki. Konkolaataa namni heyyama darbuu qabu keessa jiiru qofatu tola darba.

G. Namni heyyama darbuu qabu biskileettiidhaan yoo jiraate hiriyyoota isaa biskileettiidhaan jiran waliin seenuu danda'aa?
D. Eeyyee. Nama heyyama darbuu qabu sana malee namni biskileettiidhaan wajjin dhufan sadii seenuu danda'u.

G. Heyyamni darbuu ykn voocheriin tokko yoo bade ykn hatame bakka ni buufamaa? Lakkoofsi isaa argamuu ni danda'aa?
D. Lakki. Haala nageenyaaf jecha heyyamni hatame ykn bade bakka hin buufamu. Gara www.everykidinapark.gov deemuudhaan heyyama ykn voocherii haaraa baafadhu.

G. Heyyama darbuu ykn voocherii dagadhee yoon dhufee kaffaltiidhaan yoon seene manatti deebi'ee naga'ee fi koppii heyyama kootii yoon erge inni ani kaffale naaf deebi'uu danda'aa?
D. Kaffaltiin hin deebi'u. koppii fi meeshaalee electironiksii adda addaatiin kan dhiyaatan kam iyyuu seensaaf fayidaa hin kennan.

G. Heyyama darbuu ykn voocherii barattoota kutaa 4ffaa kana nama biraaf ergisuun ni danda'amaa?
D. Lakki. Namni Heyyama darbuu kana qabu (baratаan kutaa 4ffaa) qaamaan dhiyaachuu qaba. Nama biraatti kan darbu miti.